# سُورَةُ اللَّيۡلِ
# Suuraa Leyli

*Dura dursoo suuran tun{ suuratullayli } je'amti

قبل كل شئ هذه هي سورة الليل

*Isiin suuraa makkaati .

وهى سورة مكيه

*Aayaanni isi'ii diiddamii tokko {21}.

وآياتها واحد وعشرون ٢١

*Lakkooysi isi'ii sagaltamii lama {92}.

وعددها اثنان وتسعون ٩٢

*Isiin eega{ suuratul'akglaadhatii } buute .

نزلت بعد سورة الأعلي

*Jalqabni maqaa Rabbii rahgmata qabuutii.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

**1}***Halkan hoggaa inni dachii dukkane-essee,waa hunda hagoogen khakhadhee.

وَٱلَّيۡلِ إِذَا يَغۡشَىٰ ١

**2}***Akkasuma guyyaa bariyee ifeen kha-khadhee.

وَٱلنَّهَارِ إِذَا تَجَلَّىٰ ٢

**3}***Ammallee nama dhiiraa dhalaa uumen khakhadhee.

وَمَا خَلَقَ ٱلذَّكَرَ وَٱلۡأُنثَىٰٓ ٣

*Dalagaan teessan addunyaa tanarratti

إِنَّ سَعۡيَكُمۡ

**4}***Adda adda gosa takkitti`ii mitii Wal dha-bdi ,isinirraa nama dalagaa jannata isa gees-situ dalaguutu jira ,wal Ammas isinirraa nama dalagaa hamtuu azaaba isa gee-ssitu dalaguutu jira, addunyaa tanarratti , namni bakka lamatti baya nama waan isaa tolu je`u , takkaa dalagu, takkaa yaadufii, nama waan isa miidhu je`u , takkaa dalagu , takkaa yaadu.

لَشَتَّىٰ ٤

**5}***Duuba namni waan Rabbiin itti ajaje , haqa isarra jiru kenne, yookaa dalage.

فَأَمَّا مَنۡ أَعۡطَىٰ وَٱتَّقَىٰ ٥

**6}***Shahaadaa lamaan Qabate { laa ilaaha illallaahu muhgammadurra suulullaahi} je-chu'uu, eegasii waan gaarii, takkaa sawaaba Rabbiin isaa guyyaa boruu isaa kennu dhugo`oomse, guyyaan qiyaama`aa ni dhufaa yaade , kan isa keessatti sawaaba dalagaa gaari`ii namaa kennu { husnaa } jechuun sawaaba , yookaa { laa ilaaha illallaahu } jechu`uu.

وَصَدَّقَ بِٱلۡحُسۡنَىٰ ٦

فَسَنُيَسِّرُهُۥ لِلْيُسْرَىٰ ﴿٧﴾

**7}***Nama san karaa jannataati isaa laaffifna, dalagaa waan gaari’ii hunda isaa qophey-sinee,isaaf laaffifna.

وَأَمَّا مَنۢ بَخِلَ

*Ammoo namni waan isarra kaayameen dhaabbatuu dide ,waan dalaguun dirqi’ii dalaguu oolee, doyn’oome

وَٱسْتَغْنَىٰ ﴿٨﴾

**8}***Waan qabuun,sawaaba aakhira`arraa duroomee, waan Rabbiin je'u dalaguu dhiise.

وَكَذَّبَ بِٱلْحُسْنَىٰ ﴿٩﴾

**9}***Jannata guyyaa boruu waan dalaganirratti Rabbiin namaa kennu hin jiru je'ee, kijibsiise takkaan jiruu yaade.

فَسَنُيَسِّرُهُۥ لِلْعُسْرَىٰ ﴿١٠﴾

**10}***Karaa sharri`ii, kan inni maraxate san, isaaf laaffifna, qixaaxamu'uuf jiraata.

وَمَا يُغْنِى عَنْهُ مَالُهُۥٓ

*Horiin isaa waa takka isa hin fayyadu ,yo-okaa azaabarraa isan duroomsu,

إِذَا تَرَدَّىٰٓ ﴿١١﴾

**11}***Gaafa du'ee ibiddatti darbame horiin isaa isan baasu.

إِنَّ عَلَيْنَا لَلْهُدَىٰ ﴿١٢﴾

**12}***Karaa kheyri'ii kan qajeello`oo nama qajeelchun nurratti jira ,Waan gaarii jannatatti nama geessufii ,karaa azaabatti nama geessu addaan namaa baasun, nurratti jira, akka waan nuti dalagaa jennu dalaganii,waan nuti dhiisaa jennu dhiisanii, addunya`aa aakhiraa milkaayaniif.

وَإِنَّ لَنَا لَلْءَاخِرَةَ

*Aakhiraan Manni jannataa waan keenya, Namni karaa nuti qajeelchine kan islaama dhiisee, karaa biraatin jannata barbaadu hin argatu,

وَٱلْأُولَىٰ ﴿١٣﴾

**13}***ammas addunyaan waan keenya namni nama birarraa barbaadu hin argatu namni addunyaa tanarratti ,isiniifii waan isin jiraattaniin uume, nuhi, namni bishaan isin dhuydan dachi`ii, samii, mukaa, citaa, nyaataa uffata ilmaa ilmo ,waan biraa dhiisii, isin uumee, garaa haadha teessanii keessatti isin tooyatee, eega dhalattanii isinii humnan qabne qalbii namaa isinii laaffifnee ijaafii gurra, harkaa, miila, ayli`iifii arraba, isinii uumee isin qananiise, nuhii , mee eenyu kan yoo nuti waan san isin dhowwanne isinii kennu? hin jiru jechu, duuba isin yaa ilmaan namaa akkamitti kharaa kiyya, karaa islaamaa dhiiftanii, karaa biraa deemtan, akkamitti na dhiiftanii nama biraa gabbartan? kun waan isiniin maluu miti.

فَأَنذَرْتُكُمْ نَارًا تَلَظَّىٰ ١٤

**14}***Isin yaa warra rabbi moromu kan karaa Islaamarra maqe, ibidda jabaa akkaan qabatee jiruun isin sodaachiseen jira ,kan yoo islaamayuu diddan seentan.

لَا يَصْلَىٰهَآ إِلَّا ٱلْأَشْقَى ١٥

**15}***Ibidda san, nama akkaan bade malee, namni biraa hin seenu.

ٱلَّذِى كَذَّبَ وَتَوَلَّىٰ ١٦

**16}***Namni badiin zalaalami`ii itti muramtee , ibidda jabaa san seenu, nama nabi Muhammad kijibsiisee , waan inni dhufeen qeebaluu didee, islaamarraa gara galee, kufr`-i'irratti du'ee.

وَسَيُجَنَّبُهَا ٱلْأَتْقَى ١٧

**17}***Ammoo namichi Rabbi sodaatee waan inni je'u dhugo'oomsee , islaamumma'arratti du'e,ibidda azaabaa hamaa sanirraa ni fageeffama.

ٱلَّذِى يُؤْتِى مَالَهُۥ

*Inni ibiddarraa fageeffamu sun isa horii isaa kennu, yookaa baasu,

يَتَزَكَّىٰ ١٨

**18}***Nabsee isaa waan kennu saniin, dili'-irraa xahaarsu'uu,yookaa qulqulleysu'uu jecha, kan haa namni na argu`uuf, waan kennu hin kennine.
`

وَمَا لِأَحَدٍ عِندَهُۥ مِن نِّعْمَةٍ تُجْزَىٰ ١٩

**19}***Kan nam tokkolleen ,waan galata galchuun isarraa barbaadamu , isa , biraa hin qabne kan namaaf galata galchu`uu jecha ,waan kennu san hin kennine jechu

إِلَّا ٱبْتِغَآءَ وَجْهِ رَبِّهِ ٱلْأَعْلَىٰ ٢٠

**20}***Kan waan kennu san, jaalaluma Rabbii ol tayeetii je`ee kennuu malee ammallee nama Rabbiin gargaaraa je`e gargaaruu malee, waan inni kennaa je`e, kennuu malee galata Rabbirraa argatuu barbaaduu malee nama gargaaru sanirraa, galata barbaadu`uu, hin kennine.

وَلَسَوْفَ يَرْضَىٰ ٢١

**21}***duuba , namni ,sun akkaan gammadu`uu jiraata,Rabbiin aakhira`atti sawaaba yookaa galata isaaf heddommeysee ,hanga inni yaa Rabbi naaf gayee lakkii je'utti.